# Kitaaba Miikiyaasii Raagichaa

## Seensa

Raagichi Miikiyaas baruma raagichi Isaayaas jiru raagicha jiru yoo te'u, inni mootummaa kibbaa ta Yihuda'aa, nama qachaa baadiyyaa keessaa tokkoo ti. Akkuma raagichi Amos mootummaa kaabaa irratti badiin akka dhaqqaddu raage, raagichi Miikiyaasille sababuma saniin, mootummaa kibbaa irralle'etti badiin akka dhaqqaddu raage; muraa haqaa kennuu dhabiisa isaaniitiif, Waaqi muraa akka fidu ifi eeggachiise; te'uu malee, raagi Miikiyaasii addii gara duraatiif beessisa guddaa irra caalaa ifa te'e qaba.

Keessattuu kutaan xiyyeeffannaan itti kennamuu barbaachisu, nageenni biyya lafaa maraa, baallii Waaqaatiin jala akka jiruu (4:1-4), maatii sanyii Daawitii keessaa, mootiin guddaan akka dhufuu fi kolba'aaf nageya akka kennu (5:2-5), akkasuma wonni raagoti Israa'elii dubbatteertu marti hima tokkocha keessatti akka wolitti qabame hima. Himi sunille,

«Wonni inni nu irraa barbaadu kana: waan haqa te'e akka hunyu, jaalala dhuma hin qanne akka mudhinnuu fi gad jennee tokkumma'aan Waaqa keenna woliin akka leenu» jedha (6:8).

### Haadhoo Dubbi'ii


Muraa Israa'elii fi Yihudaa Irratti Murantu *1:1–3:12*

Adde'etti Deebi'iisaa fi Nageya *4:1–5:15*

## Ergaa Ifi Eeggachiisiisaatii fi Addi'ii*6:1—7:20*

1 Bara moototi Yotaam, Ahaazii fi Hisqiyaas tarre'etti Yihudaa irratti mootii te'aneeranu keessa jechi Mootii Waan Maraa gara Miikiyaasii nama qachaa Mooresheetii dhufee, inni marroo Samaariya'aatii fi Yerusaalemii mudhii dhagge.

### *Gadda Samaariya'aa Fi Yerusaalemitti Te'u*

2 Isin gosi biyya adda addaa marti dhage'a'a!
Biyyi lafaa, worri isii keessa leetanu marti caqasa'a!
Goottaan Mootiin Waan Maraa
Galma ifii woyyicha keessaa isin irratti dhugaa hin baya.
3 Kunoo, Mootiin Waan Maraa addee leetoo ifii irraa dhufiisatti jira;
inni gad dhufee, qaccee gaarotaa irra hin ideema.
4 Gaaroti akka gagaan ibidda biratti baqu, isa jalatti hin baqan;
dhooqille akka bisaan goodda irra gad yaa'u qotuutitti hin baqaxxi.
5 Wonni kun martinuu sababa yakkaa Yaaqoobiitiif, sababa cubbuu kolbaa Israa'eliitiif teete; Yaaqoob akka yakku ka godhe eennu? Samaariya'aa motii ree? Addeen waaqonfanna'aa ta kolbaa Yihuda'aa tam ree? Yerusaalemii motii ree?
6 Maarre Mootiin Waan Maraa, «Ani qachaa Samaariya'aa caccassee alatti hin tuula; addee muka woyni'ii itti dhaabanu isa hin godha; dhakaa isaa gara dhooqaa gad hin buusa; hundee isaalle qullaa hin hambura.

7 «Waaqoti dharaa ka qachaa Samaariya'aa
marti hin bututan; kennansi galmaa qachaa
Samaariya'aatiif kenname marti ibiddaan hin
gubama; ani fakkii qachaa Samaariya'aa mara
hin balleessa; kennansi qachaan Samaariya'aa
sagaagalummaa irraa dhaggate, ammalle
deebi'ee hujii sagaagalumma'aatiif hin te'a»
jedha.

*Kolbaan Wiiccifattee Hin Bootti*

8 Waan kanaaf ani bowee hin wiiccifadha; miila
duwwaa, nafa qullaa hin ideema; akka jeedalaa
iyyaa, akka urungu'uu hin bowa.
9 Madaan qachaa Samaariya'aa waan hin fayyi-
neef, gara biyya Yihuda'aa babadhatteerti; gara
karra Yerusaalemii ta kolbaa tiyyaatuu geetteerti.
10 Qachaa Gaatii keessatti waan kana hin
odeessina'a; qachaa Aakoo keessatti hin
bowina'a; qachaa Bet-le'aafra'aa keessatti bukuu
keessa gangaladha'a.
11 Isin worri qachaa Shaafiirii keessa leetanu,
qullaa teessan qaani'iin dabara'a. Worri qachaa
Saanaanii keessa le'u keessaa gad hin bayu. Worri
qachaa Bet-ezelii keessa le'u hin bowan; isin qar-
qaariisaafille hin dande'anu.
12 Mootiin Waan Maraa balaa hamaa karra
Yerusaalemiititti waan buuseef, worri qachaa
Maarootii keessa leetanu rakkoo jalaa bayiisaaf
worwaatan.
13 Isin worri qachaa Laakiishii keessa leetanu,
garreettaa fardaan harkifamu farda isa harkisutti
hidhadha'a. Yakkaan Israa'elii isin keessatti waan
dhagganteef, worra Xiyoonii isinittuu cubbuu hu-
juu jalqassiise.

14 Tanaaf isin qachaa Mooresheet-gaatii gad hin
lakkittan; kolbaan qachaa Akziibii moototi Is-
raa'elii hin soban.
15 Isin worra Maareshaa keessa leetanu,
Mootiin Waan Maraa worra isin injifatu isinitti
hin fida; sooreyyiin Israa'elii gara goda Adulaamii
deemanee hin dhokatan.
16 Ijoolleen teessan ta isin jaalattanu, gara lafa
ormaa booji'antee waan fudhatantuuf, rifeensa
mataa keessanii haadadha'a. Mataa keessan akka
mataa allaatti'ii moluu godhadha'a.

# 2

## *Karoora Namaatii Fi Karoora Waaqaa*

1 Worra taqee ifii irra irkatee karoora hamaa
baasuuf aanne'e! Tana godhiisaaf hunna waan
qabanuuf, yennaa latti bariite hujii irra oolchan.
2 Isaan fichaa namaa kajeelanee, hunnaan
qabatan; mana namaalle kajeelanee fudhatan;
isaan mana tokko nama isaa woliin, lafa isaa
woliin mirga namaa dhiitanee, karra isaa fud-
hatan.
3 Tanaaf, Mootiin Waan Maraa, «Ani kolbaa tana
irratti balaa fidiisaaf karoora baasiisatti jira; isin
balaa san jalaa bayiisa hin dandeettanu. Yennaan
sun hantuu waan teetuuf, bondhooraa ideemiisa
hin dandeettanu.
4 Guyyaa san namooti isinitti murgaa,
faaruu gaddaa tana marroo teessaniif faarsaa,
‹Nuuti ijjumaa banneerra; latti kolbaa teennaa
qoqoodanteerti; Mootiin Waan Maraa fichaa
keenna nu irraa fuudhee worra nu injifateef
qoodeera› hin jedhan» jedha.

5 Tanaaf, yaa'ii Mootiin Waan Maraa keessatti
nami hixa'aan lafa isiniif qoodu hin jiru.

6 Raagoti isaanii, «Nutti hin raagin! Marroo
waan kanaa nutti hin raagin; salphinni nu irra hin
gewu.
7 Ee sanyii Yaaqoobii, wonni akkasii hin jed-
hamaa ree? Ayyaanni Mootiin Waan Maraa ossa
dhabee ree? Inni hujii akkasii hujaa ree?» jedhan.

Mootiin Waan Maraa, «Qajeelumma'aan ka
ideemuuf, jechi kiyya waan dansaa hin godhuuf
ree?.
8 Muummee irratti isin akka diinaa teetanee
kolbaa tiyya irratti kaatane; yaada lolaa adoo
hin qabaatin, namoota nageyaan dabaranu irraa
woyaa isaanii mulqattane.
9 Dubartoota kolbaa tiyyaa mana isaanii dansaa
keessaa gad ariitane; isin ulfinna kiyya ijoollee
isaanii irraa haga bara baraa fudhattane.
10 Addeen tun waan battootteertuuf, akka
malee baddeerti; isiin addee foora keessanii
waan hin te'iniif, ka'a'aatii asii deema'a.
11 «Nami dharaamessi sobu tokko dhufee, ‹Mar-
roo daadhii woyni'iitii fi marroo untoo macheessi-
tuu hin raaga› yoo jedhe, kolbaa tanaaf raagichi
fudhatama qabu isa.
12 «Ee sanyii Yaaqoobii, ani dhugumaan isin
mara wolitti hin qaba; kolbaa Israa'elii worra
baraaree hafe adduma tokko wolitti hin qaba;
akka hoolee gooree keessa jirtuu, akka tika
hoole'ee ta marra dheediisatti jirtuu, kolbaan
lafa hin guutti» jedhe.
13 Ka cassee karaa banu, isaaniin dura hin
deema; isaan karra cassanee keessa dabaranee,

gad hin bayan; mootiin isaanii dabaree isaaniin dura hin deema; Mootiin Waan Maraalle isaan hin sooressa.

# 3

## *Sooressitootii Fi Raagoti Xixamane*

1 Achiin duuba ani, «Isin sooreyyiin kolbaa Yaaqoobii, bulchitooti kolbaa Israa'elii caqasa'a; isin haqa beeku'uu hin mallee?

2 Isin waan dansaa jibbitanee, waan hantuu jaalattane; kolbaa tiyya irraa gogaa, lafee isaanii irralle'ee foon quncittane.

3 Isin foon kolbaa tiyyaa nyaattane; gogaa isaanii irraa quncittane; lafee isaaniille butuchitane; akka foon akowanuutii fi akka foon okkote'etti iffeelanuu kukkuttane» jedhe.

4 Isaan gara Mootii Waan Maraa hin iyyan; inni ammoo deebii isaaniif hin kennu. Isaan waan hantuu hujaneef, inni yennaa san fuula ifii isaan irraa hin deebifata.

5 Mootiin Waan Maraa, «Raagoti kolbaa tiyya karaa irraa gorsitu, yoo nami areereef, isaan nageya lassan; yoo nami hin areeriniif, woraana irratti lassan.

6 Tanaaf, halkan mudhii hin dhagginee fi dukkanti waan gara duraa hin dhaggisiinne hin dhutti. Raagota irratti aduun hin seenti; guyyaan isaanitti hin dukkana.

7 Waaqi deebii waan isaaniif hin deebinneef, worri mudhii dhaggu hin qaanowa; worri waan gara duraa himulle hin salphata; isaan fuula ifii hin gollatan» jedha.

8 Ani ammoo Yaaqoobiif yakkaa isaa, Israa'eliif
cubbuu isaa himiisaaf hunnaan, Ayyaana Mootii
Waan Maraatiin, haqaa fi jabeenna gudda'aan
guutameera.
9 Isin sooressitooti sanyii Yaaqoobii, bulchitooti
sanyii Israa'elii, worri haqa tuffattane, worri
waan dhugaa te'e mara micciirtanu tana
dhage'a'a;
10 isin dhiiga dhangalaasiisaan Xiyoon, ham-
meennaan Yerusaalem ijaartan.
11 Sooressitooti isi'ii safu'uuf muran; hayy-
ooti isi'iille gati'iif barsiisaan; raagoti isi'iille
beese'eef raagan. Isaan ammoo Mootii Waan
Maraatitti irkatanee, «Dhugumaan Mootiin Waan
Maraa odduu teenna jira. Balaan nutti hin dhufu»
jedhan.
12 Tanaaf sababa keessaniif, Xiyoon akka
ficha'aa hin qotanti; Yerusaalem tuulaa bututaa
hin teeti; kooba Galma Waaqaa raaqi itti hin lata.

# 4

*Gaara Mootii Waan Maraa*
*(Isa. 2:2-4)*

1 Bara muumme'ee gaarri Galmi Mootii Waan
Maraa irra jiru gaara mara ka caalu hin te'a;
kooba mara caalee hin mudhata; gosi biyya adda
addaa hedduun gara gaara sanii hin yaati.
2 Gosi biyya adda addaa hedduun dhuttee,
«Kowa'a, gara gaara Mootii Waan Maraa, gara
Galma Waaqa Yaaqoobii ol baana. Akka nuuti
daandii isaa irra ideennuuf, inni karaa ifii nu
hin barsiisa» hin jetti. Seerri Xiyoon irraa, jechi
Mootii Waan Maraa Yerusaalem irraa hin baya.

3 Inni wodhakkaa kolbaa heddu'uutitti hin
mura; wol dhaba gosa biyya adda addaa jajjab-
baan odduu jirtu hin sirreessa; isaan shallaagaa
ifii qottoo, eboo ifiille haantuu hin tumatan. Gosi
biyya tokkoo, gosa biyya takkaa irratti lola hin
kaachu; leenjiin woraanaalle hin jiraattu.
4 Nami martinuu muka woynii ifiitii fi muka
harru'uu ifii jala hin tee'a; ka isaan sodaachisu hin
jiru; Mootii Waan Maraa Ka Waan Mara Dade tana
dubbateera.
5 Gosi biyya adda addaa marti maqaa waaqota
ifiitiin hin ideeman; nuuti ammoo bara baraa
haga bara baraa maqaa Mootii Waan Maraa
Waaqa keennaatiin hin ideenna.

### *Kolbaan Israa'elii Boojuu Irraa Hin Deebiti*

6 Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa san ani worra
naafolee, worra booji'amee fi worra akka gad-
danu godhe wolitti hin qaba.
7 Worra naafolee baraaree hin hambura; worra
booji'ame gosa biyya jaddu'uu hin godha; ani
Mootiin Waan Maraa guyyaa sanii jalqabee gaara
Xiyoonii irratti bulchaa isaanii hin te'a.
8 Ee xelleephoo eeddoo gaara Xiyoonii, addee
Waaqi akka tisse'ee irra tee'ee kolbaa ifii eegu,
qachaan guddichi keeti ka durii adde'etti hin
deebi'a. Mootummaan qachaa Yerusaalemii hin
deebiti» jedha.
9 Ati amma maaf qoonqoo ol qabaattee iyyita?
Ati mootii hin qadduu? Akka dubartii ciniinsifat-
tuu ka rakkattu, ka si gorsu dhabamee tii?
10 Isin kolbaa Xiyoonii, akka dubartii ciniinsifat-
tuu, aadaa rakkadha'a; qachaa keessaa baya'aatii,
diida keessa qubadha'a. Gara Baabilonii hin

ideentan; achitti Mootiin Waan Maraa harka di-
ina keessanii jalaa isin baasee, isin hin woda.
11 Amma ammoo gosi biyya adda addaa hed-
duun si loliisaaf wolitti qabantee, «Yerusaalem bat-
toottuu ti; ilti teenna Xiyoon ceeggattuu ti» jetti.
12 Isaan ammoo yaada Mootii Waan Maraa hin
beekanu; akka laddee eeddumme'etti wolitti qa-
banuu, karoora ka isaan wolitti qabuu sanii hin
hubanne.
13 Mootiin Waan Maraa, «Ee kolbaa Xiyoonii,
ka'a'a! Diina keessan akka midhaanii dhowa'a!
Ani gaafa sibiilaa isiniif hin kenna; kottee
sageettu'uu isiniif hin kenna; isinille gosa biyya
adda addaa hedduu hin butuchitan.
«Bu'aa isaan hunnaan dhaggatane ana Mootii
Waan Maraatiif, karra isaanii Goottaa lafa du-
udi'iitiif hin dhikeessitan» jedha.

# 5

1 Nuuti waan marfanneef, ee ati qachaa
loltootaa, loltoota teeti wolitti qabadhu! Worri
nu marsane sun bulchaa Israa'elii boqoo isaa
ule'een hin dhowan.

### *Bulchaa Betlihem Keessaa Dhalatu*

2 Ati ammoo qachaa Betlihemii-Efraata'aa, qa-
choota Yihuda'aa keessaa guddoo diqqaattulle, ka
Israa'el bulchu tokko si keessaa naaf hin ka'a;
hundeen isaa duruu jira.
3 Haga haati isaa ciniinsifattee isa deettutti,
Mootiin Waan Maraa Israa'el hin lakkisa;
achiin duuba obboleeyyan isaa worri
booji'amaneeranu, deebi'anee gara Israa'elootaa
hin galan.

4 Inni jabeenna Mootii Waan Maraatiin, ulfinna
maqaa Mootii Waan Maraa Waaqa ifiitiin jabaa-
tee dhaabbattee, hoolee ifii hin tissa; guddinni
isaa haga qaccee lafaa waan dhaqqabuuf, Is-
raa'elooti nageyaan hin le'an.
5 Innille nageya isaanii hin te'a.

## *Jalaa Bayiisaa Fi Badiisa*

Yennaa worri Asoorii biyya teenna lolanu,
kushee teenna cassanee yennaa seenanu, nuuti
tissitoota torbaa fi sooreyyii dhiira saddeeti isaan
irratti akka ka'anu hin goona.
6 Isaan worra biyya Asoorii shallaaga'aan,
worra biyya Naamrodiillee shallaagaa
buqqifataneen hin bulchan. Worri Asoorii
yennaa biyya teenna lolanu, meessaa lafa
teennaa yennaa cassanee seenanu, inni isaan
jalaa nu hin baasa.

7 Kolbaan Yaaqoobii worri jiru'uun hafe, kol-
baa hedduu wodhakka'atti akka fixeensa Mootii
Waan Maraa biraa bu'uu, akka tiifuu marra irratti
buutuu, ka nama addii hin godhanne, yookiin ka
ilmaan namaa hin eeganne hin te'an.
8 Kolbaan Yaaqoobii worri jiru'uun hafe, gosa
biyya adda addaa oddu'utti, kolbaa hedduu wod-
hakka'atti, akka neenqa bineensota badda'aa
odduu jiruu, akka neenqa dardara odduu tika
hoolotaa seenee qabee gargar kukkutuu, ka nami
irraa buusu hin jirree hin te'an.
9 Harki keessan diinota keessan irratti ol hin
ka'a; nyaapholeen teessan martille hin badan.

10 Mootiin Waan Maraa, «Guyyaa san, fardoo
teessanii fi garreettaa fardaan harkifamu keessan
odduu teessanii hin balleessa.
11 Qachaa lafa teessanii hin balleessa; kushee
teessan maralle hin diiga.
12 Ani moruu teessan hin balleessa; haganaa
achi isin worra moru hin qabaattanu.
13 Ani fakkii waaqota dharaa keessanii fi
soodduu woyyittii isin waaqonfattanu odduu
teessanii hin balleessa; haganaa achi waan harka
keessaniin hujjanetti hin sagaddanu.
14 Fakkii waaqa dharaa ta ‹Asheeraa› jedhan-
tuu, odduu teessanii hin balleessa; qachoota
keessanille hin diiga.
15 Gosa biyya adda addaa worra naaf hin aja-
janne aari'ii fi mufii guddo'oon haluu hin baya»
jedha.

# 6

*Mootiin Waan Maraa Israa'el Irratti Ka'e*

1 Waan Mootiin Waan Maraa jedhu dhage'a'a:
Ka'a'a, haajaa keessan gaarota duratti dhikeef-
fadha'a; kooboti waan isin jettanu dhage'anuu ti.
2 Ee gaarota, himannaa Mootiin Waan Maraa
dhikeessu dhage'a'a; isinille hundeen lafaa
caqasa'a. Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii haajaa
ittiin himatu qaba; inni Israa'el hin himata.
3 Mootiin Waan Maraa, «Kolbaa tiyya, ani maan
isin godhe? Ani attamiin ba'aa isinitti te'e? Deebii
naaf kenna'a.
4 Ani biyya Gibxi'ii keessaa isin baase; garbum-
maa jalaa isin wodeera. Muuseen, Aaronii fi
Miiriyaam akka isin sooressanu ergeera.

5 Kolbaa tiyya, waan mootiin Mo'aabii Bal-
aaqi isin irratti mala dhowe, waan ilmi Be'orii Bala'aam isaaf deebiselle qaabadha; hujii tiyya balchittii akka beettanuuf, addee ‹Shiixiim› jedhantuu haga qachaa Giilgaliititti waan te'elle qaabadha'a» jedha.

6 Ani maan qabadhee fuula Mootii Waan Maraa dura dhikaadhee, Waaqa ol-gubba'aa duratti sagadu ree? Kennansa gubamuu fi jabbilee woggaa tokkoo qabadhee fuula isaa dura dhikaadhuu ree?
7 Mootiin Waan Maraa korbeeyyii hoole'ee ku-
matti, zayitii ejersaa laga bisaanii kuma kudhan ta geettutti hin gammadaa? Sababa yakkaa tiyyaatiif, ilma kiyya angaficha, cubbuu lubbuu tiyyaatiif, uumaa gudeeda kiyyaa ciincaa dhikeessuu ree?
8 Ee nama, Mootiin Waan Maraa waan dansaa
sitti mudhiseera. Mootiin Waan Maraa maan si irraa barbaada? Haqa akka hujjuuf, marartii akka jaalattuuf, gad ifi qabiisaan Waaqa keeti woliin akka ideentuufii motii ree?

### *Waaqi Worra Sobuu Fi Ka Hunnaan Nama Irratti Ka'u Hin Adaba*

9 Mootii Waan Maraa sodaatiis qarumma'a;
Caqasa'a! Mootiin Waan Maraa, kolbaa qachaa keessaa waamee, «Ulee adabbi'ii qaabadha'a. Ka isii qopheesseelle yaadadha'a.
10 Isin worri hamooleen, qabeenna keessan ka
hammeennaa guurattane, waan ittiin safaranu ka sobaa, ka abaarame san hin dedhaa ree?

11 Nama madaalli'ii fi waan ittiin safaranu ka
sirriin hin te'in subbatti qabatu cadhiseetuma
lakkisaa ree?
12 Dureeyyiin qacha'aa hunnaan nama irratti
kaati; kolbaan qacha'aa dhara dubbatti; arrabi
isaanii soba dubbata.
13 Tanaaf, ani isin balleessa; sababa cubbuu
teessaniitiif, ani isin diiga.
14 Isin hin nyaattan ammoo hin quuttanu; gad-
haan keessan haga ammaa duwwa'a; waan isin
kuufattane shallaaga'aaf waan kennuuf, hin tuu-
lattan ammoo isiniif hin kuufamu.
15 Hin facaattan ammoo hin haammattanu; za-
yitii ejersaa hin miiccan ammoo hin dibattanu;
midhaan woyni'ii hin cunfitan ammoo daadhii
woyni'ii hin untanu.
16 Isin aadaa Omirii mootichaatii fi waan
maatiin Ahaabii mootichaa goote mara
eegattaneertan. Tanaaf, ani badi'iif dabarsee
isin hin kenna; kolbaan teessanille hin salphatti;
gosi biyya adda addaa isinitti murgiti» jedha.

# 7

### *Rakkoo Israa'elii*

1 Ani akka nama bona woxoo midhaan woyni'ii
qocatuu waan te'eef, naaf aanne'e! Nyaatiisaaf,
unkuruurri woyni'ii hin jiru; midhaan harru'uu
ka ani halchu, ka dursee bilchaatulle hin jiru.
2 Nami addatamaan lafa irraa badeera; nami
qajeelaan tokkolle hin jiru. Nami marti dhiiga
dhangalaasiisaaf riphee gaada; isaan tiyyo'oon
wol adansan.

3 Harki isaanii waan hantuu hujiisa barateera;
bulchaan kennansa gaafata; abbaan mura'aa sa-
fuu fudhata; worri dureeyyiin waan barbaade
muummessa; isaan martinuu wolumaan mala
dhowan.
4 Isaan keessaa ka mara caalaa «Addatama'a» jed-
hamu, akka qumi'uudu'uu ti; ka mara caalaa «Qa-
jeela'a» jedhamu, qoree caalaa bada'a. Guyyaan
Waaqi isaan adabu ka worri raagotaa* dubbatane
dhufeera; yennaan isaan waan te'anu wollaalanu
amma.
5 Nama hin addatin; jaala keetitti addii hin god-
hatin. Niitii teeti ta hanqafatee rattuuyyuu waan
isii woliin dubbattu jecha keeti ifi eeggadhu.
6 Ilmi abbaa ifii hin tuffata; intalti haadha ifii
irratti, niitiin ilmaalle haadha dhirsa ifii irratti
hin kaati; diinni namaa maatuma isaa keessaa hin
te'an.
7 Ani ammoo Mootii Waan Maraa addii hin god-
hadha; Waaqa fayyisaa kiyya hin eegadha; Waaqi
kiyya naaf hin dhage'a.

## *Israa'el Hin Kaati*

8 Diina kiyya natti hin gammadin! Ani jigulle
hin ka'a; dukkana keessa jiraadhulle Mootiin
Waan Maraa ifa naaf hin te'a.
9 Ani waan isa yakkeef, haga inni haajaa kiyyaaf
muraa naa kennutti, ani aarii isaa ta bobeettu
hin ossadha. Inni gara ifaa na hin baasa; ani
balchummaa isaa hin dhagga.
10 Achiin duuba diinni kiyya ka, «Mootiin Waan
Maraa Waaqi keeti eessa jira?» anaan jedhu,

* **7:4** *Worri raagotaa:* Afaan Ibrootaatiin *Namooti si eeganu* jedha; maqaan raagotaa ka dhibiin namoota eeganu.

tana dhaggee hin qaanowa; ilti tiyya jinnana diina kiyyaa hin dhaggiti; ammaayyuu akka caffaa karaa keessaa miilaan irra hin sirbama.
11 Guyyaan dalleya keessan ijaarattanu, guyyaan meessaa keessan badhifattanu hin dhufa.
12 Guyyaa san namooti keessan biyya Asooriitii fi qachoota Gibxi'ii irraa, biyya Gibxi'iitii haga laga Efraaxiisii irralle'ee, abbaaya'aa haga abbaaya'aa irralle'ee, gaaraa haga gaaraa irralle'ee gara keessan hin dhufan.
13 Sababa hujii worra isii keessa le'uutiif ammoo latti hin onti.

### *Daadimataa Fi Leellisa*

14 Kolbaa teeti, worra hoolota teeti te'ane, ulee teetiin tissi! Isaan amma gongomaa keessa qofii ifii, lafa oorru'uu keessa le'an. Isaan akkuma bara durii, Baashaanii fi Giil'aad keessa dheedanuu ti.
15 Akkuma bara biyya Gibxi'ii keessaa isaan baattee, bilbaasa nutti mudhisi!
16 Gosi biyya adda addaa yennaa bilbaasota kana dhaggane, hin qaanowan; hunna hin dhaban; afaan hin qabatan; gurri isaaniille hin duuda.
17 Isaan akka bofaatii fi akka bineensota lafa irra lowanuu bukuu hin arraaban. Goda ifii keessaa rommaa hin bayan; soda'aan gara si Mootii Waan Maraa Waaqa keennaa hin deebi'an.
18 Kolbaa ifii worra lubbu'uun hafeef, ka cubbuu isaanii lakkisee, yakkaa isaanii araaramuuf, Waaqi akka keetii eennu? Ati marartii mudhisiisatti gammadda malee aari'iin haga bara baraa hin turtu.

19 Ati ammalle nu mararta; yakkaa teenna hin
qulqulleessita; cubbuu teenna mara qilee ab-
baaya'aa keessa hin buutta†.
20 Ati akkuma bara durii abbootii teenna ta
duriitiif kakatte, sanyii Yaaqoobiitiif addatamum-
maa, sanyii Abrahaamiitiifille marartii hin mud-
hitta.

† **7:19** *Buutta:* Yookiin buucha.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e